# LIXA SEATLE DEEBIISII WALQUNNAMSIISUU (RECONNECT WEST SEATTLE)

## Gabaasa Kenniinsa Sagalee Ollaa - Gurraacha

### South Park, Georgetown, Highland Park, South Delridge, Riverview fi Roxhill

*Galatoomaa*

namoota kumaatama Hagayya keessaa dhiibbaa tiraafikii fi rakkiina socha'uu sababii cufamuu West Seattle High-Rise Bridge tti umamee haala gaarii to'achuu akka dandeenyuuf pirojaktiiwwan akkamii akka ijaarru nutti himuuf qu'annoo guuttaniifi sagalee kennitaniif. Gumaanni keessanis bakkeewwan baayyee miidhamaniitti tiraafikii dabaluufi nageenya imaltoota miilaa fooyyeessuuf pirojaktoota ollaaf dursi kennamu qaban irratti nu gargaareera.

### Maaltuu Ittaana?

**2020**
Pirojaktoota- hawaasaan dursi kennameef 23 ijaaruu ykn tarkaanfiiwwan socha'uufi nageenya fooyyeessuuf.

**2020-2021**
- Olla keessatti nageenyaa dhiyeessuufi yaaliiwwan saffiisa hir'isuuf Sagantaa Home Zone hojiirra oolchuu.
- Pirojaktoota ollaa raawwachuuf invastimantii ka'umsaa $6M.

**2021**
Pirojaktoonni 32 irratti ykn sagantaawwan raawwachuuf misooma pirojaktii eegaluu.

Waa'ee pirojaktoota olla keessanii irratti odeeffannoo dabalataatiif, maaloo www.seattle.gov/reconnectwestseattle.

### West Seattle Deebiisanii Walqunnamsiisuun maalii?

West Seattle attamiin akka lafa bishaaniin marfamee West Seattle, kan osoo High-Rise Bridge hincufamiin dura sadarkaalee imala gutuu Duwamish walfakkaatu qabu, haala dhiibbaa naannoo hawaasni Suluula Duwamish keessatti argamanii hir'isuun attamiin akka itti walquunnamsiisuu mul'ata qaba.

Haaluma qaama yaalii guddaa mul'ata kan fiixaan baasu tokkootti, Hagayyaa 10, 2020 irratti SDOT yaalii marii hawaasaa kutaa-lamaa labseera: **Neighborhood Prioritization Process Ballots (Kenniinsa Sagalee Adeemsa Dursa Ollaa)** fi **Reconnect West Seattle Survey (Qu'annoo West Seattle Deebiisanii Walqunnamsiisu)**. Adeemsiwwan lamaanu hanga Hagayya 31, 2020tti saaqaa turan.

### KAN ISIN NUTTI HIMTAN

**15,180** Qu'annoo West Seattle Deebiisanii Walqunnamsiisuuf **deebiiwwan**
**1,750** Kenniinsa Sagalee Adeemsa Dursa Ollaatiif **deebiiwwan**

(Highland Park, Riverview, S. Delridge, Roxhill: 1,074; Georgetown: 209; South Park: 398; SODO: 69).

**Odeeffannoo fi Teessoo Pirojaktii**
www.seattle.gov/reconnectwestseattle
Imeelii: westseattlebridge@seattle.gov | Bilbila: (206) 400-7511

Seattle Department of Transportation

## Dhaamsawwan Adeemsa Dursa Ollaa

Namoonni kenninsa sagalee hir'isuu tiraafikii ollaa guutan akka nutti himaniitti kanisaan yaada'aa waa'ee:

**Tiraafikii fi Dhorkaa** | **Nageenya imaltoota miilaa fi Argatachuu Danda'u** | **Saffiisa** | **Dhiibbaawwan Naannoo fi Faalama**

Tokkoon tokkoo ollaa yaaddoo fi dhimmoota addaa qabu. Ollaa hundinu falawwan, pirojaktootaa fi jidduugaliinsawwan tiraafikii xiqqeessan kan dabalaa barbaadu. Tokkoon tokkoo hawaasaa dhiibbaawwan daandiiwwan irraa dhorkan hiikuuf yaadawwan dabalataafi falawwan dandeettii waa umuu qabu.

---

## Dhaamsawwan Qu'annoo Deebiisanii West Seattle Walqunnamsiisuu (Reconnect West Seattle Survey Themes)

Namoonni Qu'annoo West Seattle Deebiisanii Walqunnamsiisuu fudhatan kan nutti himan:

Kaayyoowwan qooddachuu imalawwan qofaa konkolaachiisuu fi mala manaa hojjachuun bakka nu qaqabnu keessatti argamu.

Imalawwan qofaa konkolaachisuu fageenya hawaasumaan booda %36 mala qooddachuu hir'isa (Galma 2021: %35).

Manaa hojjachuun mala qooddachuu %23 (Galma 2021: %10) n kan bakka bu'u yoo ta'u, kunis namoonni dandeettii muraasaan fageenya hawaasaa eegachuun booda fagoo taa'anii hojjachu akka barbaadan mul'isa,

Qoodiiniswwan bisikiliitii fi malli taaksii bishaanii tokkoon tokkoo isaanii gara %6 guddina agarsiisan, garuu ammoo galma mala qooddachuu 2021 guutuuf %10n hanqata.

Imaltoonni fayyadamni atobusii isaanii baayyee akka hir'atu eeguu fageenya hawaasuumaan dura (%17 kan ture irraa fageenya hawaasummaatiin booda gara %11 tti). Mada qoddachuu atobusiitiif galmi keenya 2021 %30, innis fooyya'insaa fi dhiibbaa weerari ammaa kun ilaalchawwan fayyadama tiraanzitii gara fuula duraarratti Qabaachu danda'uuf carraawwan agarsiisaa jira.

Erga fageenya hawaasumaatiin booda fedhiin konkolaata dabaree, kan gareefi kan mindeessaa fayyadamuu dabaleera.

### Walitti Hidhamuun Turuu

Adeemsa kan guuttuutti, pirojaktoota dhufan irratti odeeffannoo haaraa isniin geenya karaa:

- Sadarkaalee pirojaktii waan haaraa kurmaanaan ((waan ijaarree, kan dizaayinni hojjatamuu fi gummaachuuf carraawwan dhufaa jira)
- Wayita pirojaktoota ijaarruu ykn gumaata keessan barbaannu waan haaraa karaa imeelii, marsariitii fi midiyaa hawaasaatiin
- Waan haaraa yeroo hundaa fi waa'ee adeemsa pirojaktii irratti hawaasa, dhaabbilee, taateewwan hawaasaa fi walgahiiwwan waliin yaada walitti qabuun qooduu
- Sagantaa Department of Neighborhood's Community Liaison waliin hawaasni/afaanoota Ispaanishi, Khmer, Somaalii, Veetinaamizii, Oromoo, Koriyaa fi Chaayinaatiin akka hubatanii fi hirmaatan hajjanna.

**West Seattle Deebiisanii Walquunnamsiisuun tarree pirojaktoota caala. Innis rakkoolee tiraafikii fi socha'uu haala fooyya'een attamiin to'achuu akka dandeenyu irratti marii SDOT fi hawaasa jidduutti gaggeefamaa jiruudha.**